GAAFFILEE FILANNOO 1-50TTI DHIYAATANIIF DEEBII SIRRII TA'E FILACHUUN BAKKA DEEBIIF QOPHAA'ETTI GUUTI.

1. Keeyata barreessuu keessatti hima tokkoo oliin barreeffamuu kan danda'u isa kami?

   A. Hima ijoo B. Hima goolabaa C. Hima callaa D. Hunduu deebiita'u

2. Sirriitti hubatanii ilaaluun irra caalaa keeyyata kam barreessuuf oola? Keeyyata:

   A. Ibsaa B. Addeessaa C. Amansiisaa D. Seenessaa

3. Kamtu ijoo barreessuu ofkeessatti qabata?

   A. Keeyyata seensaa C.Qaamabarreeffamaa

   B. Keeyyata goolabaa D.Deebiin hinkennamne

4. Gosa keeyyataa kam keessatti maq-ibsootaafi xum-ibsoonni hedduminaan barbaachisu? Keeyyata:

   A. Ibsaa B. Addeessaa C. Amansiisaa D. Seenessaa

5. Himni ijoo keeyyata keessatti eessa galuu **hindanda'u**?

   A. Jalqaba B. Jidduu C. Jalqabaafi xumura D. Deebiin hinkennamne

6. Gaaffiiwwan sammuu nama dubbisuu keessatti uumamaniif deebii kan kennu kami?

   A. Hima ijoo B. Himoota callaa C. Hima goolabaa D. Deebiin hinkennamne

7. Himoonni callaa/gargaartuu yaada hima ijoo keessatti tuqame qofa ibsuurratti yoo xiyyeeffatan keeyyatichi _____qaba jenna.

   A. Guutummaa B. Tokkummaa C. Walqabannaa D. Deebiin hinkennamne

8. Caasaa barreeffama dheeraa kan **hintaane** kami?

   A. Keeyyata seensaa B. Keeyyata goolabaa C. Hima ijoo D. Qaama barreeffamaa

9. Keeyyata seensaa keessatti yaadoleen ijoo afur yoo jiraatan barreeffamichi qaama barreeffamaa keeyyata meeqa qabaata?

   A. 3 B. 4 C. 5 D. 6

10. Keeyyata seensaa keessatti yaadoleen ijoo shan yoo jiraatan barreeffamichi keeyyata waliigalaa meeqa qabaata?

    A. 4 B. 5 C. 7 D. 6

11. Mata-dureewwan dhihaatan keessaa dhiphaa irraa gara bal'aatti sirriitti kan taa'e kami?
    A. Sirba ----Sirba Aadaa------Sirba Aadaa Oromoo----- Shaggooyyee
    B. Shaggoooyyee-----Sirba-----Sirba Aadaa-----Sirba Aadaa Oromoo
    C. Sirba ------Shaggooyyee-----Sirba Aaadaa Oromoo ---- Sirba Aadaa
    D. Shaggooyyee----Sirba Aadaa Oromoo ---- Sirba Aadaa ----Sirba
12. Qajeelfama bunni ittiin danfu barreeffamaan kennuuf, akaakuu keeyyataa kamitti irra caalaa dhimma baana?
    A. Keeyyata ibsaa
    B. Keeyyata addeessaa
    C. Keeyyata seenessaa
    D. Keeyyata mormii
13. Poortifooliyoon piraaktikamii gosa gabaasaa kami?
    A. Gabaasa ji'aa
    B. Gabaasa dirree
    C. Gabaasa walga'ii
    D. Gabaasa al-idilee
14. Qabiyyee xalayaa geggeessituu kan **hintaane** kami?
    A. Mata duree
    B. Teessoo
    C. Galata
    D. Deebiin hinkennamne
15. Cuunfaa gabaasaa keessatti kan **hinhammatamne** kami?
    A. Mala dhayiinsa
    B. Kaayyoo gabaasaa
    C. Ka'umsa gabaasaa
    D. Yaada furmaataa

QAJEELFAMA: HIMOONNI ASIIN GADII DURAA DUUBA ISAANII HIN EEGGANNE WALTA'ANII AKKA KEEYYATA TOKKO UUMUU DANDA'ANITTI QINDEESSI.

1. Halkan sa'atii afuritti abbaan manaa dhufe.
2. Karaatti natti dukkanaa'e.
3. Guyyaa Jimaataa ture.
4. Akkuma ta'e ta'een gadhiifadhee bade.
5. Dhiha keessaa sa'a tokkoofi walakkaa ture.
6. Abbaan manaa karaa deemeera.
7. Mana barumsaatiin gala ture.
8. Haati manaa naaf eeyyamte.
9. Utaalee kokkee na qabate.
10. Mana tokko akka na bulchaniifan gaafadhe.

16. Himni jalqabarra dhufu kami?

A. 2 B. 3 C. 4 D. 5

17. Himni lammaffaarra dhufu kami?

A. 3 B. 2 C. 5 D. 7

18. Himni sadaffaarra dhufu kami?

A. 2 B. 7 C. 5 D. 10

19. Himni afraffaarra dhufu kami?

A. 7 B.10 C. 10 D. 5

20. Himni shanaffaarra dhufu kami?

A. 5 B. 10 C. 6 D. 8

21. Himni jahaffaarra dhufu kami?

A. 10 B. 6 C. 8 D. 1

22. Himni torbaffaa irratti dhufu kami?

A. 8 B. 1 C. 6 D.10

23. Himni saddeettaffaa irratti dhufu kami?

A. 6 B. 1 C. 8 D. 9

24. Himni saglaffaarratti dhufu kami?

A. 3 B. 4 C. 8 D. 9

25. Himni xumurarratti dhufu kami?

A. 4 B. 9 C. 1 D. 8

26. Himni ijoo keeyyatichaa kami?

A. Guyyaa Jimaataa ture. C. Utaalee kokkee na qabate.

B. Karaatti natti dukkanaa'e. D. Mana barumsaatiin gala ture.

27. Akaakuun keeyyatichaa kam ta'a?

A. Addeessaa C. Seenessaa

B. Ibsaa D. Amansiisaa

28. Bifa barreeffama ol'aanaa ilaalchisee kan sirrii ta'e kami?

A. Bifa tokko qofaan barreeffama.

B. Bifa lama keessaa tokkoon barreeffama.

C. Bifa lamaa oliin barreeffamuu nidanda'a.

D. Bifa barbaanne walkeessa makuun barreessina.

29. Caasaa barreeffama ol'aanaa kan **hintaane** kami?
    A. Keeyyata seenessaa
    C. Keeyyata goolabaa
    B. Qaama barreeffamaa
    D. Deebiin hinkennamne
30. Faayidaa keeyyata seensaa kan **hintaane** kami?
    A. Fedhii dubbistootaa hawwachuu
    B. Duraa duuba wantoota dhiyaatanii kaa'uu
    C. Yaada xiyyeeffannaa barreeffamichaan walbarsiisuu
    D. Deebiin hinkennamne
31. Faayydaa barreeffamaa kan **hintaane** kami?
    A. Nama qaamaan nama bira hin jirre tokkoof dhaamsa dabarsuuf
    B. Ragaa tursiifachuu barbaadamu ol kaawwachuuf
    C. Hubannoo barattootaa madaaluuf
    D. Deebiin hinkennamne
32. Sadarkaa barreessuun duraa keessatti gochi **hinhammatamne** kami?
    A. Mata-duree filachuu
    C. Wixinee barreessuu
    B. Yaada maddisiisuu
    D. Kaayyoo murteessuu
33. Caasaalee barreeffama ol'aanaa keessaa yaada ijoo barreeffamichaa kan cuunfee kaa'u kami?
    A. Keeyyata seensaa
    C. Keeyyata goolabaa
    B. Qaama barreeffamaa
    D. Deebiin hinkennamne
34. Gabaasa ilaalchisee kan sirrii **hintaane** kami?
    A. Waa'ee mana hojii tokkoo jabina malee laafina hinxiyyeeffatu
    B. Dameewwan mana hojii tokko gidduutti ni raawwatama
    C. Qulqullina mana hojii tokkoo gabaasuun sirriidha
    D. Deebiin hinkennamne
35. Akaakuu gabaasaa kan **hintaane** kami?
    A. Gabaasa ji'aa
    C. Gabaasa walgahii
    B. Gabaasa hojii idilee
    D. Deebiin hinkennamne
36. Qaama gabaasa qorannoo idilee kan **hintaane** kami?
    A. Seensa
    C. Lakkoofsa
    B. Qabiyyeewwan
    D. Wabiiwwan

QAJEELFAMA: UNKA XALAYAA GAGGEESSITUU GADITTI DHIYAATE GARGAARAMUUN GAAFFILEE 37-46TTI DHIYAATANIIF DEEBII SIRRII KENNI.

(A) (1)_____

(2)_____

(3)_____

(4)_____

(5)_____
_____

(6)_____
_____
_____
_____
_____.

(7)_____

(8)_____

(B) (9)_____

(10)_____

(11)_____

37. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 1 maal bakka bu'a?
    A. Guyyaa
    B. Lakkoofsa
    C. Chaappaa mata-duree
    D. Galata
38. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 2 maal bakka bu'a?
    A. Guyyaa
    B. Lakkoofsa
    C. Chaappaa mata-duree
    D. Galata
39. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 3 maal bakka bu'a?
    A. Odeeffannoo ijoo
    B. Chaappaa mata-duree
    C. Ibsa gabaabaa qabiyyee gabaasichaa
    D. Maqaa nama ykn qaama gabaasicha fudhatu

40. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 4 maal bakka bu'a?
    A. Teessoo nama ykn qaama gabaasicha fudhatu
    B. Ibsa gabaabaa qabiyyee gabaasichaa
    C. Galata qaama gabaasicha dubbisu
    D. Odeeffannoo ijoo
41. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 5 maal bakka bu'a?
    A. Odeeffannoo ijoo C. Chaappaa mata-duree
    B. Lakkoofsaafi guyyaa D. Ibsa gabaabaa qabiyyee gabaasichaa
42. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 6 maal bakka bu'a?
    A. Odeeffannoo ijoo C. Chaappaa mata-duree
    B. Lakkoofsaafi guyyaa D. Ibsa gabaabaa qabiyyee gabaasichaa
43. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 7 maal bakka bu'a?
    A. Maqaa hogganaa B. Chaappaa geengoo C. Mallattoo D. Galata
44. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 8 maal bakka bu'a?
    A. Chaappaa geengoo B. Maqaa hogganaa C. Mallattoo D. Galata
45. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti lakkoofsi 9 maal bakka bu'a?
    A. Galata B. Mallattoo C. Maqaa hogganaa D. Chaappaa geengoo
46. Unka xalayaa geggeessituu kanarratti qubeen B maal bakka bu'a?
    A. Galata C. Maqaa hogganaa
    B. Chaappaa geengoo D. Galagalcha qaama ilaallatuuf
47. Gabaasaafi barreeffamni dheeraa maliin walfakkaatu?
    A. Unkaan C. Of-eeggannoon gulaaluun
    B. Seensa qabaachuun D. Hunduu deebii ta'u
48. Haala gabaasni itti dhiyaatu kan **hin taane** kami?
    A. Mata dureewwan xixiqqaan dhimma bahuu/fayyadamuu
    B. Ragaalee gabateen, giraafiin, kaartaan, ibsituuwwaniin kaa'uu
    C. Waraqaan irratti barreeffamu kallattii lamaan daran osoo hin guutiin bakka dhiisuun barreessuu qabna
    D. Yaanni/keeyyanni tokko xumuramee kan birootti yommuu ce'amu bakki murtaa'e dhiifamuu qaba

49. Mata-duree gurguddaafi xixiqqaa kan qabu kami?

A. Gabaasa B. Barreeffama dheeraa C. Keeyyata D. Hunda

50. Akaakuu barreeffama dheeraa kan **hin taane** kami?

A. Barreeffama ibsaa C. Barreeffama seensaa

B. Barreeffama amansiisaa D. Barreeffama addeessaa

BAKKA DEEBII GAAFFILEE AfOr 330

Lakk	**Deebii**	**Lakk**	**Deebii**	**Lakk**	**Deebii**
1				41	
2				42	
3				43	
4				44	
5				45	
6				46	
7				47	
8				48	
9				49	
10				50	
11					
12					
13					
14					
15					
16					
17					
18					
19					
20					

DEEBII GAAFFILEE AfOr 330

Lakk	Deebii	Lakk	Deebii	Lakk	Deebii
1	**C**	21	**B**	41	**A**
2	**B**	22	**A**	42	**D**
3	**A**	23	**B**	43	**D**
4	**B**	24	**C**	44	**C**
5	**D**	25	**A**	45	**C**
6	**B**	26	**A**	46	**B**
7	**B**	27	**C**	47	**D**
8	**C**	28	**B**	48	**C**
9	**B**	29	**A**	49	**A**
10	**C**	30	**D**	50	**C**
11	**D**	31	**D**		
12	**A**	32	**C**		
13	**B**	33	**C**		
14	**D**	34	**A**		
15	**A**	35	**D**		
16	**B**	36	**C**		
17	**D**	37	**B**		
18	**A**	38	**A**		
19	**D**	39	**D**		
20	**B**	40	**A**		